# Erga Jaalala Waaqayyorra Siif Ergame

## Yaa Mucaa Koo.

Ati yoo na beekudha baatte ani garuu eenymmaa kee beeka. (*Faarasa Daawit 139:1)* Taa'uu keetiif ka'uu kee hundaa beeka. *(Faarsa Daawit 139:2)* Karaa jireenya kee hundumaas beeka. (*Faarsa Daawit 139:3)* Rifeensi mataa keeti hundinuu iyyuu lakkaa'amaadha. (*Wangeela Matewoos 10:29-31).* Fakkaatti kootiinis si uumeera. (*Uumama 1:27)* Kan ati jiraattuu fi kann ati sochootu akkasumas kann ati baate galtu anaani. Mucaa koo waan taateef. (*Hojii Ergamootaa 17:28)* Garaa haadha kee keessaatti utuu si hin tolchinan si fo'adhe. (*Macaafa Ermiyaas Raj 1:4-5)* Uumama uumuudhaaf yeroon yaadetti siinis si uumuudhaaf murteesse si uume si filadhe. (*Efesoon 1:11-12)* Nama ta'uu kee utuu hin beekamin iji ko si arge dhalattee bari jireenya ke lakkaa'amuu utuu hin jalqabiin guyyootan siif yaade macaafa ko keessaatti siif caafe. (*Faarsa Daawit139:14-15)* Yeroo dhaloota keetiif bakka jireenya keetii duraan durseen murteesse. (*Hojii Ergamootaa 17:26)* Gandameessa haadha kee keessatti natu si tolche. (*Faarsa Daawit 139:13)* Garaa haddha ke keessaa natu si baase. (*Faarsa Daawit 71:6)* Eenyuun akkan ta'e warri hin beekne garuu kana hin hubanne. (*Wangeela Yohannis 8:41-44)* Ani Waaqa jaalalaati malee waaqa jibbuun mulatu mit. (*1 Ergaa Yohannis 4:16)* Ani abba kee atis ilma koo waan taateef jaalala koo hundumaarra caala siif baayise. (*1 Ergaa Yohannis 3:1)* Maatiin ke ati foonitti irraa dhalate kennaa siif kennuu hin dandeenye caala kennaa guddaa siif kenne. (*Wangeela Maatewoos 7:11)* Abbaa kee isa sirrii waanan ta'eef. (*Wangeela Maatewoos 5:48)* Kennaan gaariin hundinuu kennaan guutuun hundinuus ana bira siif dhufa. (*Yaaqoob 1:17)* Waan ati barbaaddu hundumaas siif kenneera. (*Wangeela Maatewoos 6:31-33)* Yaadi ani siif yaadu yaada nagaa fi yaada abdiidhaan guutameef dhumi isaa bareedadha. (*Macaafa Ermiyaas Raj 29:11)* Ani jaalala bara baraatiin si jaalladheera. (*Macaafa Ermiyaas Raj 31:3)* Jaalali anif siif qabu lakkoofsaan hin shalagamu. (*Faarsa Daawit 139:17-18)* Farfanaadhaan saratti ulfaadhe sitis nan gamada. (*Sefaaniyaa 3:17)* Wanti gaarii siif gochuus hin dhiisu. (*Macaafa Ermiyaas Raj 32:40)* Ati anaaf qabeenyaa dhuunfa kootiiti. (*Seera ba'uu 19:5)* Garaa koo fi yaada koo guutuudhaan biyyaa kana keessa jabeessee siin nan dhaaba. (*Macaafa Ermiyaas Raj 32:41)* Wanta guddaa ati qortee bira ga'uu hin dandeenye sitti nan hima. (*Macaafa Ermiyaas Raj 33:3)* Garaa kee guutuudhaan yaada kee guutuudhaanis yoo na barbaaddate na argatta. (*Seera keessa deebii 4:29)* Anatti gammachuu qabaadhu anis kadhata garaa keetii siif nan kenna. (*Faarsa Daawit 37:4)* Barbaaadus gochuus kan si keessa ka'u anuma. (*Filiphisiiyus2:13)* Wanti ati yaaddu safara malee caalchisee gochuu nan danda'a. (*Efesoon 3:20)* Anis jajjabina bara baraa fi abdii gaarii siif nan kenna. (*2 Tesaloniiqee 2:16-17)* Rakkina kee hundumaa keessatti kan si jajjabeessu ana. (*2 Qorontos 1:3-4)* Warra yaadni isaanii caccabee bullaa'es nan fayyisa. (*Faarsa Daawit 34:18)* Akka tikseen hoolota isaan sassaabu anis akkasuma kaasuutti sin sassaaba. (*Macaafa Isaayaas Raj 40:11)* Ani imimmaan hundumaa ija keetti nan haqa. (*Mul'ata Yohannis 21:3-4)* Rakkoo lafa irraatti sirra ga'e hunduumaas sirra nan kaasa. (*Mul'ata Yohannis 21:3-4)* Ani abbaa keeti jaalalan eyesuusiin jaaladheeniin si jaalladhe. (*Wangeela Yohannis 17:23)* Jaalali ani siif qabu kiristoossiin mullaateera. (*Wangeela Yohannis 17:26)* Ifni ulfina waaqayyoo isa irraa ni calaqqisa. (*Ibroota 1:3)* Kan ani eyesuusiin ergeef akka ani sii wajjiiniin jiru akka inni dhugaa siif ba'uuf. (*Roomaa 8:31)* Akka ani cubbuu kee sitti hin lakkoofne akka inni sitti himuufan erge. (*2 Qorontos 5:18-19)* Kan eyesuus du'eef anaaf siin walliti araarsudhaaf. (*2 Qorontos 5:18-19)* Ilma isaas cubbuu keenyaaf furii haa ta'uuf nuuf eerge kanaan jaalali waaqayyo nu gidduutti mul'ate. (*1 Yohannis 4:10)* Akka ati na jaallatuuf waanan qabu dabarsee siif kenne. (*Roomaa 8:31-21)* Egaa eyesuusiin amantee yoo fudhatte anaanis ni fudhatta. *(1 Yohannis 2:23)* Jaalala ani siif qabutii kan gargar nu baasu hinjrru. (*Roomaa 8:38-39)* Kotu gara mana keeti. Deebi'uu keetti gamachuu guddaatu waaqa irrati ta'a. (*Luqaas 15:7)* Durati abaa keen ture amas abaa keeti. (*Efesoon 3:14-15)*
Gaafiin ko siif, mucaa ko ta'u ni feeta? (*Yohannis 1:12-13)*
Ani si eegaan jira. (*Luqaas 15:11-32)*

Abaa kee jaallattama
waaqayyo hundumaa danda'u bira